Talaalliin Pfizer -BioNTech COVID-19 amma namoota umriin 5 fi isaa olii kamiifuu ni argama

- Talaalliin COVID-19 kun nagameessaa fi sirriitti ni hojjata. Talaalliin COVID-19 martinuu dirqama qorannoo fi irra deebii baayee keessaa darbuu qaba. FDA ykn dhaabbanni nyaata fi qoricha Talaallii Pfizer yeroo muddamsuutti namootni umrii 5 fi achi ol akka fayyadaman erga eyyameen booda nageenyumsaatif rakkoo cimaa kamuu hin argine.
- Qondaalonni of danda'oon talaalliin akka sadarkaa nageenyummaa ol aanaa bu'aa qabeessummaa qabus mirkaneessaniiru.
- Talaalliin COVID-19 bilisaa fi inshuraansii fayyaa, lammummaa fi haala godaansaa osoo hin ilaalle argama. Yoo talaallii qofa deemte kan tajaajila kennan doo'ii biirootif sihin kanfalchiisan.

Akkamittan talaallii argadhaa?

Bakka Talaallii barbaadaa;-

- Filannoowwan talaallii king kawuuntii daawwadhaa* marsariitii king kawunt.gov) talaalliiwwan baayeen isaanii beellama hin barbaadan. (Miiljala fuulaa irraa Afaan filadhaa)
- Talaalliif filannoowan jiran/argaman ilaaluuf Doktora keessan ykn warra deeggarsa fayyaa isiniif kennan bira bilbilaa.
- Mana qorichaa ykn bakka biraa argachuuf lakkoofsa sanduuqa poostaatti fayyadamuudhan barbaadaa. Marsariitii vaccinelocator.doh.wa.gov kana ilaalaa. Afaanota gara gubba mirgaa keessaa filadhaa
- Bilbilaan gargaarsa barbaadduu? Jidduugala bilbila COVID-19 king kawuntii 206-477-3977 kanarratti guyyaa kamuu sa'aati 8AM hanga 7PMtti bilbilaati erga qunnamtanii booda afaan filattan maqaa dhahaa hiikkan ni argama

GARA BEELLAMA TALAALLII MAALTU FIDAMA:-

- ✓ Ragaa umrii mirkaannessu Naannoo, gosa, waraqaa eenyummaa kan federaalaan kenname.
- ✓ Eeyyamaa maatii talaalliif:- talaallii fudhachuuf maatiirra ykn ga'eessarraa eeyyamni ni barbaachisa. Dargaaggonni akka gahaa ta'an yoo mirkaannessan, ykn namoota ga'eessotatti heeruman ykn fuudhan ykn bakki talaallichaa gahaa ta'uusaa yoo mirkanneesse mature minor(ingliffa qofan) fudhachu ni mala.
- ✓ Gama mirgaa gubbaarraa afaan filadhaa.
- ✓ waan harkaa gabaabaa ykn isinirraa lufu keeyyadhaa, salphaatti akka uffata keessan ol deebistaniif.
- ✓ Hanga dabaree eeggattanitti maal hojjachuu qabdu;-
- ✓ Gaaffii qabdu, gaaffii garagaraa ka'an fuula itti aanurratti ilaalaa ykn gara marsariitii hawaasa kanaa deemaa (**kingcounty.gov/covid/vaccine**) Gara mirga gubbaarraa afaan filadhaa.

Public Health
Seattle & King County

Waa'ee talaallii gaaffii irra deddeebiin ka'an:-

Guutummatti talaalchifamuuf limmee meeqa na barbaachisa:-

- ✓ Talaallii pfizer marsaa lamatu si barbaachisa, limmee marsaa 2ffaa kan fudhattu yoo xiqqaate guyyaa 21 isa 1ffaa sanaan booda dha. Limmeen 1ffaa kun hamma ittisa qaama keetii COVID_19 ijaaruu fi kan marsaa lama hamma ittisa qaama san guddisu ittisa san xumuruuf.
- ✓ Guutummatti talaallii akka fudhattetti kan yaadamtu talaallii marsaa 2ffaa erga fudhattee torban lamaan booda dha.

Talaalliin namni ga'eessi fudhatu walfakkaatamoo?

- ✓ Dargaggoon 12-17 talaallii Pfizerkan walfakkaatu ga'eessonni hundinuu ni argatu. Ijoolleen umrii 5-11 pfizer dargaggootaaf hojjatame fudhatu. Namoonni 18 fi achin olii talaallii moderna ykn Johnson & Johnson fudhachu danda'u. Garuu talaalliiwwan kun umrii dargaaggootaaf hanga ammaatti hin eeyyamamne.

Midhaa cinaa qabaatamoo?

- ✓ Erga talaallii fudhattanii booda miidhaa cinaan kan akka dhiita'u,hoo'a,bowwoo mataa qabaachuu malta, ykn guyyoota muraasaf dadhabbiin isinittidhagahamuu malti. Kun mallattoo gaarii fi kan akka humni ittisa qaama keessan ijaaramaa jiraachu muldhisu dha. Namoonni muraasni gonkumaa midhaa cinaa hin argatan/hin qaban.

COVID_19 talaalliirra na qabu danda'amoo?

- ✓ Lakki.korona vaayirasiin talaallii keessa hinjiru, COVID_19s achirraa isin hinqabu

Erga guutummatti talaalamee booda maal gochuun qaba?

- ✓ Wantoota sababa COVID_19 dhaabbattan hedduu jalqabuu dandeetta.
- ✓ Bakka namni baay'atuu fi waltajjii ummataa irraan kan hafe, osoo haguuggi fuula hingodhatin namoota guutummatti talaallii fudhatan wajjin mana tokkotti walitti qabamuu ni dandeessu.
- ✓ Bakka uumanni garmalee baay'atutti yoo ta'e malee manaa alatti haguuggi/mask godhachuun isin hin barbaachisu..
- ✓ Erga talaallii fudhattanii booda maal gochuu akka qabdan ilaalchisee odeeffannowwan wayitaawaa hordofaa. Marsarii kanarraa afaan filadhaa (LifeAfterVaccine.org)

Namoota talaallii hin fudhatiin kan haguuggii/mask malee wajjin walitti qabamuu nan danda'aa?

- ➢ Erga guutummatti talaallii fudhatte booda namoota talaallii hinfudhatin kan mana /maatii tokko kan balaa COVID_19 fi saaxilamuun isaanii gad aanaa ta'e wajjin walitti qabamuu dandeetta (fakkeenyaaf tokkon isaaniillee haala rakkoo fayyaa biraa kan hin qabne yoo ta'an).
- ➢ Namoota mana gara garaa ykn namni rakkoo saaxilamuu ol'aanaa qabu,dirqama haguuggii/mask uffachuu fi eejjata/faana 6 fageenya qaama eegachuu qabda.
- ➢ Bakka sochiin qilleensaa gaariin jiru turuu (manaa ala ykn foddaa banameerun).
- ➢ Talaalliin akka gaariitti sirraa ittisa, garuu qondaalonni fayyaa ammayyuu waa'ee namoonni talaallii argatan gara namoota talaallii hinfudhatin vaayrasichi tamsaasuu fi dhabuu isaanii barachaa/qorachaa jiru

Gaaffillee talaallii ofii kiyyaa fi ykn maatiif deebisuuf eessan deemuu qaba?

- ➢ Doktora kee ykn dhiyeessitonni tajaajila fayyaa nama guddaa gaafatamuu qabudha.
- ➢ Gaaffii baay'eef marsariitii kingcounty.gov/covid/vaccine kanarratti deebii argata. Gubbaarraa gara jalaatti filanno jiran keessaa afaan filadhaa

Public Health
Seattle & King County